Jabaan kan wallaansoo qabee injifate osoo hin taane, dhugumatti jabaan isa yeroo dallansuutti lubbuu isaa too'atuudha

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Jabaan kan wallaansoo qabee injifate osoo hin taane, dhugumatti jabaan isa yeroo dallansuutti lubbuu isaa too'atuudha".

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jabinni dhugaa jabina qaamaa akka hin taane yookaan isa namoota biroo humna qaban wallaansoon injifatu akka hin taane ifa galchani, dhugumatti humna qabeessi jabaan isa yeroo dallansuuun isatti jabaatutti lubbuu isaatti qabsaa'ee isii injifateedha; dandeettii lubbuu isaa to'achuu fi shayxaana injifachuu isaa wanti kun waan agarsiisuuf.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5351